Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Yoonaas fi Qurxummii Guddicha

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Jonathan Hay

Kan dagaagsame: Mary-Anne S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Waggaa dheeraa dura,naming maqaan isaa Yoonaas jedhamu Irsaa'el keessa in jiraata ture. Guyyaa tokko magaalaa baayee gudditti cimtuu addunyaa Nanawee dhaqi jechuun Waaqayyo itti dubbate.



Namooti achi jiran cubbuu hojjechuu Waaqayyoon bareef Yoonaas akka isaan akeekkachhisuuf itti eege Waaqayyo.




Yoonaas Waaqayyoof abboomamuu dide! Nanawee dhaquu didee bidiruu yaabbatee gara faalla ishee bakka Tashiishitti deeme.

Waaqayyo bidiruu inni ittiideemaa jirutti qilleensa jabaa itti kaase. Hunkura guddaanis galaana irratti ta'e! Qaamin bidiruu caccabuun galaanaan liqimfama jechuun sodaa guddaa keessatti kufan.



Hunkuramin galaana irraa dabalaa dhufe. Kan bidiroo sana keessaatti argaman du'a ooluuf in kadhatan, ba'aab akka salphatuuf waan bidiruucha keessaa gad darbatan. Garuu waanti fooyya'e hin turre.

Namoota hundumaa bidiruu sana keessaa kan hin kadhanne Yoonaas qofa ture. Kadhachuun hafee bidiruu keessa rafee ture. Kaappiteenni bidiruu sanaa isaa rafaa jiruu isa arge. "Maal hojjechaa jirta rafaa jirtaa? Ka'i! Waaqa kee kadhadhu jedheen! Waaqayyo nuyaadachuu danda'a, badiisas in oolla."



Namootin bidiruu keessaa sodaan guutaman sun Yoonaas waliin rakkoon tokko akka jiru adda baafata. Yoonaas Waaqayyo irraa akka baqachaa jiru isaanitti hime.



"Waa'ee keef maal goonu jedhanii gaafataniin? Hunkurama Galaanichaan akkamitti gab nuuf jedha?" jedhanii gaafata. "Ana fuudhaatii galaana keessa nabuusaa!" Yoos galaanichi isin irraa gab in jedha; bubbee humna qabeessi isinitti ka'e kunis sababa kootiif ta'uusaa anoo beekeera," jedhee isaaniin deebise.

Jaarris bidiruu sana gara lafaatti baasuuf jabeessanii in mooqan; garuu hunkuramuun galaanichaa isaanitti dabalaa waan adeemeef, waan tokko qofaa gochuu qabu ture.

Kadhata dhiifamaa erga kadhatanii booda,
Yoonaasii fuudhanii galaanichatti
gad darbatan
galaanichi
hunkurama
isaa in dhaabe.
Battalumatti jijjiirama
qilleensaan gadda hunkurama
duraa caalu keessatti kufan.
Waaqayyo duwwaatu beeka
kan raawwates Waaqa.
Sodaa fi dinqisiisfannaa
keessa ta'uun
Waaqayyoon waaqessa.

Yeroo gababaa keessati, ergamaan abboommii dide misiraachoo guddaa argate. Keessagalaanaatti gadi liqimfamuun, Yoonaa eenyu illee galaanaan liqifamuu irraa akka isa hin oolchine in beeka ture. Carraa inni qabu liqimfamuu qofaadha - Waaqayyo garuu karoora biraa qaba ture.



Waaqayyo qurxummii guddicha Yoonaasiin liqimsu qopheessee ture. Qorxummichi jalqabatti sirrii ture! Garaa qurxummii keesssa Yohaannis guyyoota sadiif taa'e. Yeroo kadhatuu fi yaaduu isaa dhabe.

Guyyaa sadiin booda, Yoonaas Waaqayyoof abboomamuu eegale. Daandii sirrii yeroo inni qabatu Waaqayyo qurxummichatti dubbatu Yoonaasiin qarqara galaanaatti isa balaqame.



Yeroo jalqabaa isa dhumaa, Yoonaas Nanawee deemee dubbii sagalee Waaqayyoo akka lallabu itti hime. Yeroo kana Waaqayyo gara sanatti qajeele! Yoonaas magaalaa Nanawee seene, sagaleesaa olkaase, "Guyyoota afurtama keessatti Nanaween in garagalti."

Warri Nanawee dhaamsa Waaqayyoo kana amananii fudhatan; dhiifama cubbuu isaaniif gurguddoonni xixinnaanis akka soomaan labsan, uffata gaddaas in uffatan. Mootiin illee Waaqa duratti gad of deebisuun teessoo isaa irraa bu'uun uffata isaa isa suura qabeessa ofi irraa fuudhee, uffata gaddaa uffatee daaraa keessa in taa'e.

Waaqayyo isaaniif in dhiisaa! Karaa isaanii isa hamaa irraa deebi'uu isaanii in arge; inni waan hamaa hamaa isaanitti fiduuf dubbate sana in dhiisee, irrattis hin fidine.


Guyyaan sunis isaaniif guyyaa gammachuu fi Waaqayyoo dhiifama isaaniif gochuu itti hubatan ta'us garuu waa'ee kanaaf baayyee dallanee, aaree in boo'es Yoonaas!

Yoonaas maaliif aare? Waaqayyoon akkas jedhe, Ati Waaqa araara qabeessa, o'a qabeessa, aariitti suuta-jedhaa waan taateef hamaa fiduuf jettes in dhiifta; ani kana beekeen harka si dursee Tarshiishiitti sokke. Jecha biraan, warra cubbuu isaanii beekanii araaraa kadhatanii fi abboomamaniif Waaqayyo yeroo hundumaa dhiifama akka godhu Yoonaas beeka.



Waan Waaqayyo jedhetti Yoonaas in aare. “Lubbuu koo fudhadhu jiraachuu koo irra du’atu anaaf ta’a,” jedhe.

Yoonaas magaalaa ala taa'ee, waan Waaqayyo ittaansee raawwatu ilaauuf eege. Bqilaa baala baayyee qabu qopheesse Waaqayyo. Saffisaan lalisee, Yoonaasiif gaaddisa ta'uun gubaa aduu irraa yeroo hundumaa isa ittise.

Borumtaa isaa, Waaqayyo raammoo biqiloota gokisu erge biqiltuun sunis in goge. Isa booda Waaqayyo qilleensa ba'a-biiftuu inni gubaan akka isatti qilleensa'u in godhe; aduunis hamma Yoonaasiin gaggabsutti mataa isaa araane; yammus inni, "Jiraachuu irra du'uu anaaf wayya," jedhe du'uu in hawwe.

"Ati waa'ee biqiltuu sanaaf aaruu intolchitee?" Waaqayyo Yoonaasiin jedhe. Ati biqiltuu waan tokko itti hin dadhabin, isa hin guddisiniif, isa halkan
tokkotti ba'ee halkanuma tokkotti immoo badeef in gaddita.

“Egaa ani immoo maaliifan mandara gudditti namoonnii kumaatamaa fi horiin hammasii keessa jiraatan Nanaweef maaliifan araara hin taasisuree kanaaf garaan ana hin jibbuu ree?” jedhe.





Yoonaas fi Qurxummii Guddicha

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Yoonaas

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16